# 34. YESONI LAZARO DUISA KESSA KAASA

## Yohana 11:1-44

Nami toko, ka Lazaro jed'ani, ka oboleyaani isaa ta dubra Mariamufi Martha. Oboleyaani isaa nama Yesoti ergite waan jetteeni, “Aabbo, ilaali, jaali kanke kaani fayyaaniti.” Ammo Yesoni akasi d'ageennaani waan jed'e, “d'ukubi kunini ka duatiniti, ammo wonti woni kunini taateefi aka akasiini Waaqa guddisani ilmi isaaleeni guddinna argattu.”

Yesoni Marthafi oboleeti isitiifi Lazaro jaalate. Inni fayyad'aba Lazaro d'ageennaani, fulla jiru suni guyya lama tae. Jennaani Yesoni diideese hime, “Lazaroni la due jed'e; ammalle ayyaana keesani, ka hojja suni anini achi injirre, aka isani d'ugefattani. Ammo beena, gara isaa nu yaasa jed'e.” Yesoni d'umnaani, aka Lazaroni haga guyya afuri awaala keesa bule d'agaye. Nama heddu kha achiiti marro duisa Lazarotifi bohuuti jiru arge. Marthani waan Yesoni jette, “Aabbo, ato atini sila arma jiraate, oboleesi kiyya induu. Ammalle ammatanale ani imbeekha, waan Waaqa kad’atu ch'ufa Waaqi sii kenna.” Yesoni waan isiini jed'e, “Oboleesi kanke inuma kaa.” Marthani waan jetteeni, “Anini imbeekha aka inni guyya kaisa muumme kau.” Yesoni waan jed'eeni, “Ka kaasufi ka jiraachisu ana; nami na d'ugefatu, yo duele, injiraata. Nami ato jiru na d'ugefatu haguma jiru induu. Atini akasi d'ugefatta?” Isiini waan jetteeni, “Ee, Aabbo, aka atini Kristo, Ilma Waaqa, ka lafati d'ufu jed'ani, ani la d'ugefad'e.”

Marthani akasi jennaani deemte, oboleeti isii Mariamu laanuma yaamte waan jetteeni, “Aabbo Yesoni arma jira, si yaamu jira.” Jennaani Mariamuni fulla Yesoni jiru geennaani isa argite, miila isati jidde waan jetteeni, “Aabbo, ato sila atini arma jiraate oboleesi kiyya induu.” Yesoni fula awaala deemnani imbohe. Jennaani gumiin waan jetter, “Me ilaala, aka inni isa jaalate!” Yesoni, “D'akha iraa gangalcha” jed'e. Marthani waan jetteeni, “Aabbo, amma inajaa, haga due arra guyya afuri.” Yesoni waan jed'eeni, “Anini, Yo ati d'ugefatte, guddinna Waaqa inagarta siini injenne?” Duuba d'akha suni iraa gangalchani. Yesoni olmillate waan jed'e, “Aabbo, galata sii deebisa, waan atini na d'ageetuufi. Ammalle aka atini guyya ch'ufa na d'ageetu ani imbeekha, ammo maro gumi arma marsite ch'iiftu tanaafi anini waan kana jed'a, aka isiini aka atini na ergite d'ugefattu.” Waan kana jennaani inni qonqo olfud'ate lalabe, “Lazaro, kooti, gabahi” jed'e. Namichi due kaani boolaa bahe, ka woya awaalatiini harkafi miili wolti hid'aansa qabu, ammalle fuula isaa bututuuni hid'ani. Yesoni waan worraani jed'e, “Iraa hiikha, ha deemuti.” Guyya suni nama hedduti Yeso d’ugeefate.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Atin dandeette guyya Waaqi kara mamaatin jireenna kanke keesati hojjate qaabata? Wonti kunini kara kamiini jireenna kanke kha guyya ch’ufa jijiirte?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

**Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?**

**Oduun tunini kara kamiin jabeenna fi humna Yeso garsiifti?**

Inni Lazaro duisa keessa kaase.

- Akkamiin? – Qonqo isaatin (Akka inni uumama irraati jabeenna qabu garsiifti).
- Maafi? – Akka guddinna ufi garsiisu (inni yaada qaba, ammalle wonti ch'ufti harka isa kees jirti.)
- Inni waan ch'ufa akka yaada isaati, ammalle gise isaati hojjata.

- Inni jireenafi duisalle irraati akka jabeenna qabu garsiisa.

**Oduun tunini kara kamiini beekumsa Yeso nu garsiifti?**

- Inni waan gana taha imbeekha. Inni waan ch'ufa ato giseen hingain jar isaat hime.
- Inni ato imaltu hindeemin akka Lazaroon du'e imbeekhe.
- Inni waan dooti sunin taatef imbeekhe. Akka jari isa d'ugeefatufi akka gumiini ulfinna Waaqa argite, ammalle akka Waaqi isa erge beetu.
- Inni onne gumiitifi ta jara isaalle imbeekhe, ammalle waan worraa feesisaalle beekhe.

**Oduun tunini kara kamiini tola eeba Yeso nu garsiifti?**

- Inni Mariamuufi, Martaafi, Lazaro guddo jaalate, tanaafi miila d'aabate d'ufe waan yaada gudda qabuuf. Inni nuu ODUU tana gana iti odeesaniifi kha dubbisuulle ch'ufa guddo jaalata.
- Inni guddo naasu isa garsiise, duisa jaala isatifi immimaan d'ukkubii boo'e.
- Inni naasu garsiise. Nami ch'ufti, Lazaroon wolti, ch'ubbaaleyii, kha naasun akkasi himmaliniif.
- Inni jaalala isa hujiin garsiise.
- "Anin jireenna ammalle du'aalle inkaasa." Inni injireessa.

**Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**

- Lazaroon du'e inamne, akkuma Yeson jed'e. Inni waan jed'e guute.
- Yeson akka Waaqi ulfaatu fed'e. Inni waan ch'ufa harka qaba. Yaadi kunin layyu muummae.
- Waaqi layyu Baasa qop'eesse, kha duisafi Sheet'an irraati jabeenna qabu. Yeson d'ugumaan Baasa duri Waaqi gumi isaati kakhate, inni abaarsa gargalcha!! Duisaalle gargalcha!

- **In this story, how do we see how man relates to God?**

- Mariyamuufi Martaani Yeso yaamufi d’ugeefacha garsiisani.
- Mariyamuufi Martaani akka Yesoni duisa ejjachiisu dandau ind’ugeefatani. Worri d’ugeefachaafi shakkaalle woli bira horatani. Yesoni d’ugeefacha diqqolleeti inowwaata. “Nami na d’ugeefatu ato dueellee injiraata.”
- Yeson ufi ulfeesse akka biyyiti isa d’ugeefatu.
- Afaan Girikiitin Gammada jechuuni *chairo* jed’an. Akkas jechuun, qiliitama, jechuu. Yesoni kha d’ufe raako Lazaro fala iti himbarbaadin guddo qiliitame. Akki Yesoni rakko Lazaro irra ture qalbi namaatii hingaltu. Inni yaada gudda qaba- akka jabeenna isa garsiise d’ugeefacha guddisu.

**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani:**

- Yesoni **d’ugeefacha qit’ooma** qabdu Mariyamuufi Marta irra fed’e akka hojjatu? Yeson akkami owaata yo d’ugeefachaan teenna shakkiin walti makhamte?
- Yo Waaqi kad’acha nama “Iyyo” yokhaan “eegi” jed’e deebisu, biyyiti akkam deebii akkana iti owwaatti? Oduun tunini kara kamiin akka nu akka dansa owwaachuu malle nuti himti.

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**</u>
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Jireenna kanke keesati atin maanin gaargaluuti jirta, maanin **akka Yesoni si furuufi sirra ture herreguuti jirta?** Atin dandeette akka Lazaro guyya afuri taau dandeetta, yokhaan akka Israeli lafa aloo keesati guyya afurtama taau dandeetta. Atin dandeette Waaqati inabdata, akkuma isa eegatuun? Waaqi maan si barsiisuti jira?

- Atin yo an due maantu taha jette d’ind’isita? Lubbun tiyya ees deemti jette? Atin mirkaneefachu dandeeta? Abdi tante ees keeyata? Atin maan abdachuuti jirta kha du’a sirra d’owwu?